

Xiinxala Qal-qixxummaa Qomoo Daandii Qajeelaa Gara Mana Barumsaatti

OROMO

MULLATA WAL-QIXXUMMAA QOMOO

Mullanni keenya akka ijoolleen mana barumsaa Siyaatil guyyaa isaanii bu'aawwan miillaan deemuufi bishkileetii oofuun guyyaa isaanii jalqaban kunis kan dabalatu:

- Gammachuun taphataa
- Nagummaan osoo itti dhaga'amu
- Uummata isaanii waliin walitti hidhannaa qabaataa
- Cireedhaaf dafanii mana barumsaatti argamuufi barachuuf qophaa'uu
- Fayyaa qaamaafi sammuu foyyaa'aa

Carraaqii Siyaatil loogii qomoo yeroo dheera ture dhaabuun magaalaa caalaa hundaaf walqixa taatu ijaaruuf taasisaa jirtu deggeruuf, ijoollee garee kanneen keessa jiran: hawwaasa bifaa, hawaasa galii gadi-aanaa qaban, hawwaasa godaananiifi koluu galan, namoota rakkoon mana dhabuu mudachaa jiru ykn rakkoo wabii mana jireenyaa qaban, hawaasa LGBTQ, akkasumas ijoollee durbaarratti xiyyeeffanna.

ADEEMSA XIINXALA WALQIXXUMMAA QOMOO

Yeroo waggaa tokko itti aanu keessatti, xiinxalli walqixxummaa qomoo keenyaa:



Dhuma 2017

Yeroo darbe keessa ammam akka uummata tajaajille xiinxaluu

Bona 2018

Karaa mareefi qorannootiin namoota sagantaan keenya jijjiirama irratti fide hirmaachisuu



Haala barattoota qomoo, gosaafi afaan gara garaa qabaachuu isaaniiratti hundoofnee manneen barnootaa armaan gadii waliin taana:

- Aki Kurose Middle School
- Bailey Gatzert Elementary
- Concord Elementary
- Dearborn Park Elementary
- Dunlap Elementary
- Rainier Beach High School
- West Seattle Elementary
- Wing Luke Elementary



Birraa 2018

Mullata keenya walqixxummaa qomoo bira ga'uudhaaf tarsiimoochwaniifi hariiroowwan haaraa uumna. Identify evaluation metrics to measure our progress toward this vision



Ganna 2018

Hawaasaaf deebiyani gabaasuu



Karaa danda'ame hundaan barattoota bifaa Siyaatil tajaajiluudhaaf ammam akka sagantaa Daandii Qajeelaa Gara Mana Barumsaatti foyyeessuu dandeenyu sirriitti hubataniif uummata waliin hojjechuudhaaf of kennineerra.

SIRRAA DHAGA'UU BARBAANNA!

Qorannoo keenya karaa iimeelii, toora interneetiifi manneen barnootaafi dhaabbileen uummataa guutummaa Siyaatil keessa jirani akka si argachuu dandeenyu ta'i.

ODEEFFANNOO ITTIIN QUNNAMAN

www.seattle.gov/transportation/projects-and-programs/safety-first/safe-routes-to-school
Gageessaa Pirojektii | Mitchell Lloyd | (206) 256-5378 | mitchell.lloyd@seattle.gov
Manaajera Sagantaa Daandii Nagaa Gara Mana Barumsaatti | Ashley Rhead | (206) 684-7577
ashley.rhead@seattle.gov




Seattle
Department of
Transportation

XIINXALLI WALQIXXUMMAA QOMOO DAANDII QAJEELAA GARA MANA BARUMSAATTII MAALIIF BARBAACHISEE? S

Waggoota kurnan afur darban keessaatti ammi barattoonni miilaan deemaniifi bishkiliitii fayyadamanii yeroo dabaluu dhufu furdinni gara malee garuu sadarkaa afuriin dabale; kun gara caalaa kan miidha uummata warra bifaa/halluuti.

- Ijoolleen warra gurraachaafi Laatinii sadarkaa furdina gara malee baayyee ol-aanaa qabu, akkasumas carraa bakka konkolaataa dhaabbatanii, dirree taphaa, ykn daandii irra miillaan deeman gadi aanaa qabu.
- Dargaggoonni gurraacha naannoo ¼ ta’an guyyaa guyyaatti sochii qaamaa saatii barbaadamuu gadi argachaa jiru kun %13 kan ta’e warra adii waliin walbira qabamee yeroo ilaalamudha.
- Siyaatil keessatti, manneen barnootaa barattoota bifaa/halluu parsantaa ol aanaa qaban carraa deemsa miilaafi bishkiliitii oofuu gadi aanaa qabu; kun yeroo manneen barumsaa warra barattoota bifaa/halluu % 50 qaban waliin yeroo ilaalamudha.


2015 tti Parsantaa Barattoota Siyaatil Bishkiliitii oofaniifi Miilaan Deeman Qomoodhaan



Dammaqinsa gara mana barumsaatti miillaan deemuun bu’aa fayyaa cimaa qaba akkasumas balaa furdina dargaggootaa gara malee kanneen gadii kana waliin walqabatan xiqqeessa:

- Dhukkuba sirnna onnee waliin walqabate
- Dhukkuba sukkaaraa
- Kaanserii
- Onneen dhaabachuu

Sochii qaamaa dabaluu akka fayyaan sammuufi qaamaa akkasumas barnootatti akka milkaa’an taasisa.




SAGANTAA MANA BARUMSAATTI DAANDII QAJEELAA

Muummeen Sagantaan Daandii Qajeelaa Deemsa Mana Barumsaa Siyaatil akka gara mana barumsaatti deemsi miilaafi bishkiliitii oofuun nagaan, qajeelaa fi salphaa ta’uuf ni hojjeta. Tarsiimoowwan hedduu walitti fidnee fayyadamna:

- **Barnoota** – hundumtuu akkamitti akka nagaan deemu mirkaneessuu
- **Jajjabeessuu** – hawwaasa mana barumsaa biratti deemsa miilaafi bishkiliitii oofuu jajjabeessuu
- **Ijaaruu** – pirojektota ijaarsaa kan akka daandii cimaa, qaxxaamura naga qabeessa ta’eefi daandii bishkiliitii irra oofan foyyeessuu
- **Hojiirra oolchuu** – Muumnee Poolisii Siyaatil waliin ta’uudhaan seera tiraafikaa hojiirra oolchuu
- **Madaaluu** – milkaa’ina gara galma keenyaa naga qabeessa ta’ee duukaa bu’uun hordofuu
- **Haangessuu** – shaampiyoonii mana barumsaaf meeshaalee dhiyeessuu

Mullata keenya biraan ga’uuf, garaa garummaa deemsa miillaafi bishkiliitii oofuu barattoota Siyaatil hubachuu qabna akkasuams, furmaata isaaf uummata wajjiin hojjechuu qabna.



Sagantaan Daandii Qajeelaa Gara Mana Barumsaa Siyaatil mala deemsa walqixxumaarratti hundaa’ee fayyadamuun barattoota biratti fayyadama deemsa miilaa dammaqinsa qabu akka fayyadaman beeksisa. Sababiin isaas garaa garummaa qomoo malee mirga fayyaa, gammachuufi milkaa’ina barnootaa argachuu qabu.